Oregon Health Authority
PUBLIC HEALTH DIVISION

Dhugaawwan Talaallii Dhibee COVID-19

Yaaddoo: *Namonni diddaa qaamaa cimaa qaban talaallii Pfizer/BioNTech argachu hin qaban*

Dhugaan jiru: **Waan tokkoof diddaa qaamaa qabaachuun isa biraaf diddaa qaamaa qabda jechuu miti. Namoonni qabiyyee talaallii dhibee COVID-19 dhaf diddaa qaamaa qaban isa fudhachuu hin qaban.**

Yaaddoo: *Talaalliin kun gabaatti ariifatee bahee, naga qabessa ta'u isa mirkaneessuuf akka gaariitti hin qoratamne*

Dhugaan jiru: **Talaalliin dhibee COVID-19 yaaliiwwan kilinika iskeelii guddaa keessatti qu'annoon bal'aa irratti gaggeffame jiraa. FDA'n deetaa kana erga irra deebi'uun ilaale booda qofa fayyadama isaanii mirkaneessa.**

Yaaddoo: *Talaalliin dhibee COVID-19 kun akka namni maseenu godhu danda'a*

Dhugaan jiru: **Talaalliin dhibee COVID-19 miidhaa cinaa kan nama maseenu godhu qabachuu isaaf ragaa hin jiru.**

Yaaddoo: *Talaalliin mallattoo qofa hir'isa malee dhibee COVID'n qabamu ykn babal'isuu hin dhaabu.*

Dhugaan jiru: **Yaaliin talaallii taasifame talaalliin kun dhukkuba dhibee COVID-19 akka ittisu agarsiise jiraa garuu infeekshinii ykn tatamsa'ina ittisu isaa hin madaalee. Infeekshinii ykn tatamsa'ina akka ittisu amman dura hin beeknu.**

Yaaddoo: *Talaalliin dirqisiisoo ta'a.*

Dhugaan jiru: **Yeroo talaallin fayyadama ariifachisaf mirkana'u, dhukkubsatonni isa argachuuf waliigala qabu. Talaallii dhibee COVID-19 dirqisiisuuf karori hin jiru.**

Yaaddoo: *Miidhaawwan cinaa talaallii kana dhibee COVID'n qabamuu irra hin hammaatu.*

Dhugaan jiru: **Talaalliin dhibee COVID-19 bakka limmoon itti kennamu dhukkubbii, bowwoo mataa fi dhukkubbii maashaalee uumuu ni danda'a.**

Miidhaawwan cinaa kun talaalliiwwan baay'ee iraa cimaa ta'ani mulatu garu guyya tokko yookin lama kessatti furamu. Dhibeen COVID-19 osuma salphaa ta'uu danda'u, baay'ee cimaas ta'uu danda'a.

Yaaddoo: *Talaalliin hanga vaayirasichan qabamun ittisa dhibee qaama kee uumuuf gargaaru hin gargaaru.*

Dhugaan jiru: **Qaamni kenyaa ittisa dhibee qaama dhibee COVID vaayirasichan qabamu irraa karaa adda ta'en uumaa. Garuu talaalliin dhukkuba baay'ee cimaa fi du'a geessisu danda'u kanaan osoo hin qabamin ittisa dhibee qaama ijaaruuf gargaara.**

Yaaddoo: *talaalliiwwan mRNA talaalliiwwan biroo caalaa balaa qabu.*

Dhugaan jiru: **Talaalliiwwan Messenger RNA (mRNA) talaalliiwwan kan biroo heddu caala yeroo baay'ee miidhaawwan cinaa yeroo-gabaabaa akka umaman godhan mulatuu. Garuu miidhaawwan cinaa kun waan turu hin fakkatu.**

Yaaddoo: *Talaalliiwwan mRNA DNA keessan jijjiruu danda'u*

Dhugaan jiru: **Akka CDC tti, talaalliiwwan Messenger RNA seeliiwwan qaama kessa akkamitti akka pirootiina dandeettii deebii dhukkuba ittisuu kakaasu oomishuu dandda'an barsiisuun hojjetuu. Messenger RNA gara qaama keetti erga seene booda DNA seelii kee waliin walitti dhufeenya hin qabuu ykn hin miidhu.**

Yaaddoo: *Yoon dhibee COVID-19 qabaachuu turee fi irraa fayyee, talaallii kana argachuun nan barbaachisu*

Dhugaan jiru: **Sababa dhukkubichaatiin walqabatee balaan fayyaa cimaa wan jiruu fi irra deebi'ani qabamuun waan danda'amuf, namoonni dhukkuba kanaan amaan dura qabamani turanillee talaallii dhibee COVID-19 kana akka argatan gorfamu danda'a.**

Yaaddoo: *Talaallii dhibee COVID-19 kana erga argadhe booda, tarkaanfiiwwan nageenya akka maaskii uffachuu fi fageenya qaamaa eegachuu dhiisuu nin danda'a*

Dhugaan jiru: **Talaalliin kun akka isin hin dhukkubsanne ittisuu danda'us, talaallii booda vayirasicha baachuu fi namoota birootti dabarsuu akka dandeessan ammaan dura hin beekamu. Hanga waan dabalataa barannutti, tarkaanfiiwwan nageenya akka maaskii uffachuu fi fageenya qaamaa eegachuu itti fufuun gaariidha.**

Argannoo Sanada: Namoota afaan ingiliffaa malee afaan biraa dubbatanii fi miidhama qaama qabaniif, OHAn foormaatota akka turjumaana, maxxansa guddaa, ykn bireeyilii itti odeeffannoo dhiyeessuu danda'a. Buufata odeeffannoo fayyaa 1-971-673-2411, 711 TTY irratti ykn COVID19.LanguageAccess@dhsoha.state.or.us qunnamaa.